



## ***Imala WMO fi Mikaa’ina Misooma Barnoota***

Waldaan Misooma Oromiyaa (WMO) mul’ata Oromiyaa magariisa uummanni ishee hundi beekumsaa fi ogummaadhaan qaramee jireenya fayyaleessa ta'een keessa jiraatu, kan misoomtee fi badhaate arguu jedhu qabatee gumaacha bal’aa taasisuuf waldaa miseensota bu’ureeffatee bara 1985 A.L.I. hundeeffame dha.

Hawaasni bal’aan naannoo oromiyaa keessatti argamu gaaffilee misooma hawaas-dinagdee deebi’uu qaban hedduu qabaachuun isaa ni beekama. Kanaaf, Gaaffilee kana sadarkaa sadarkaadhaan deebisuu keessatti WMO,n miseensa ,deeggartootaa fi jaallattoota misooma Oromiya qindeessun iddoowwan mootummaan yeroo gabaabatti bira gahuu hin dandeenyeef dursa laachuun rakkoo hawaas-dinagdee ummataa xiyyeeefannoo olaanaa barbaadani fi furtuu rakkoolee hundaa ta’e barnootaa toora xiyyeeffannoo jalqaba taasifachuun hawaasa keenya fayyadamoo taasiisuu keesssatti gumaachaa olaana taasisaa jira. Kanaaf, waldaan marsaa fi jijjiirama hedduu keessa darbuun gama misooma barnootatin xiyyeeffannoo addaa kenne galma barnootaa jaarraa kanaa milkeessuu keessatii bu’awwaan gurguddoo gama misooma barnootatiin gumaache keessaas:-

## 1 Mana Barnoota Bultii Addaa

WMO’n naannoo oromiyaa akka biyyaatti fi addunyaatti dorgooma taasisuf Mana Barnoota Bulti Addaa hundeessun dirqama ta’u hubachuun bara 2006 A.L.I Mana barnoota Bulti Addaa Damee Adaamaa banuun hojii jalqabe. Yeroo amma dhaloota egeree hawaasa keenyaa karaa hiika qabeessa ta’een biyya kana keessattis akkasumas sadarkaa addunyaatti dorgomaa taaasisan horachuuf hojii daran bu’a qabeessa ta’an raawwachaa jira.

Kaayyoon Manni Barumsaa Bultii Addaa ijaarameef inni gurguddaan qulqullina barnootaa mirkaneessuu, barattoota gidduutti miira waldorgommii uumuu, barattoonni dandeettii addaa qaban dandeetti isaanii akka baasaniif haala mijeessuu fi manneen barnootaa naannicha keessa jiraniif giddu-gala muuxannoo taasisuudha. Manni barumsichaa hojiilee waggoottan saddeettan darban keessa raawwateen giddu-gala muuxannoo gaariis ta’eera. Yeroo amma Mootummaan Federaala fi Naannoo bu’aawwaan fi muxannoowwan Manaa Barnoota Bultii addaa WMO irraa argaame bu’uura godhaachun iddoowwan garaa garaattii Mana Barnoota Bultii Addaa babal’isa jira.

## *Bu’aawwan Galmaa’an*

→Kutaale hawaasa bal’aa cinaatti miirri waldorgommii cimaa ta’e uumamee qabxiin barattoonni kutaa 8[ffaa] qormaata seensaa MB Addaa WMOf dhiyaatan galmeessan bara baraan G/G (Average) dabalaa dhufeera. Kunis, qulqullina barnootaa mirkaneessuu keessatti gahee olaanaa gumaachu irra darbee naannoo keenya sadarkaa olaana irra geessiseera .

→Qabxii Barattoonni kutaa 10ffa, 12[ffaa] fi dhaabbilee barnoota olaanoo keessattii barattoonni bultii adda galmeessaan akka sadarkaa biyyaattii daraan olaana ta’uun addunya raajefachiisuun muxxannoowwaan gaggaariin horatamaniiru.

| Lk | Qabxii galma | Bara 2009-2013 | | | |
|---|---|---|---|---|---|
| | | Dhi | Dub | Id | % |
| 1 | 600fi ol | 117 | 42 | 159 | 22 |
| 2 | 500-599 | 206 | 132 | 338 | 46.3 |
| 3 | 400-499 | 105 | 95 | 200 | 27.4 |
| 4 | 350-399 | 6 | 21 | 27 | 3.7 |
| 5 | 350 gadi | 0 | 6 | 6 | 0.82 |

→ Barattoonni Mana Barumsaa Bultii Addaa WMO irraa bahan yunivarsitoota addunyaa beekamoo ta’anitti barattootni 36 iskolaariin barachaa jiru.

Barattoota Carraa Barnoota Biyya Alaa Argatan

| Lk | Biyya | Dhi. | Dub. | Waliigal |
|---|---|---|---|---|
| 1 | UAE | 12 | 6 | 18 |
| 2 | Chaayinaa | 3 | 4 | 7 |
| 3 | Kooriyaa Kibbaa | 7 | 1 | 8 |
| 4 | Turkii | 1 | 0 | 1 |
| 5 | Xaaliyaanii | 1 | 0 | 1 |
| 6 | Roomaaniyaa | 1 | 0 | 1 |
| | Dimshaasha | 25 | 11 | 36 |


→Qormaata biyyaalessaa kutaa 12ffaatti seenaa biyya kanaa keessatti herregaa fi Fiziksii qabxii 100 kan fidaan barattoota mana barumsaa bultii addaa WMO kan ta’aan barataa Kookeet Tesfaayee Fiiziksii 100 yoo fidu barattuu Siifan Fiixaa immoo Herregaan qabxii 100 fiddeetti.



→Barattootni keenya Dhaabbata barnoota olaanaa/ Yunivarsitii keessattis akkaataa fedhii isaaniin Ogummaa Fayyaa, Injiinariingii, Ogummaa Komputeraa (Software, …), Saayinsii Hawaa (space science) fi ogummaalee ciccmoo fi barbaachisoo ta’an galuu danda’aniiru.

Hojiiwwan kalaqaa saayinsii fi teekinoolojii, kitaaba **Saayinsii haawaa “Milkoomeda”** fi formulaa haaraa argachuu irratti yeroo gara garaa hojjetamaniiru.





Galmee jechootaa Afaan Oromoo Afaan Oromootti hiiku fuula 642 qabu godinaalee Oromiyaa hunda irraa walitti qabuun barattootni mana barumsa addaa WMO qopheessuun maxxansiifameera. Kunis waaltina Afaan Oromoo keessatti gahee guddaa kan qabudha.




# Waldaa Misooma Oromiyaa




**WALDAA MISOOMA OROMIYAA**

**OROMIA DEVELOPMENT ASSOCIATION**

**“Tokkummaan Misoomaaf”**

***Eebbifamaa Raajii Ashannaafii.***



*Dargaggeessa waggaa 22 kan ta'e Raajiin Godina Qellem Wallaggaa, Magaalaa Gidaamitti dhalatee kan guddate yoo ta'u, qaxalummaan isaa ijoollummadhumarraa kan eegaledha. Barnoota sadarkaa tokkoffaa yommuu xumurus akka aanaa isaatti dorgomuun Mana Barnootaa Bultii Addaa Waldaa Misooma Oromiyaa (WMO) seenee sansaka gaariin barateera. Raajiin yunivarsiitii kan seene qabxii 647 fiduun Itoophiyaarraa Caala Adaaneti aane lammaffaa ba'eeti. Yunivarsiitii Saayinsiifi Teknolojii Adaamaatti muummee 'Applied Natural Science' filatee galuun koorsi barate hunda(60) A+ fidee haala biyyaa aja'ibsisuun ebbifameera. Ammas, bara kana Yunivarsitii beekamaa 'Massachusetts Inistitute of Technology (MIT) Ameerkaatti argamutti dorgomee kan darbe akka Afrikaattuu barataa Raajii qofa."*

**2** ***M/B Olmaa Adda:-*** Bu'aawwaan gurguddoo Mana Barumsa Bulti Adda keessa miira waldorgommii kutaa hawaasa hunda keessattii uumu dha. Haaluma kanaan, aanaleen ijoolle isaani bultii adda galfaachuuf sadarkaa magaala aanatti M/B Olma Adda tokko hundeessuun barattoota kutaa 5ffaa-8ffaa tti dorgommiin addaatti barsiisuun qopheessu dha. Kana irra ka'uun M/B Olmaa Addaa sadarkaa aanaatti WMO tiin deeggaramu yeroo amma **22** hundaa'e haala guutuu ta'een baru-barsiisu gaggeeffama jira.



**3** ***Keessoo Barnoota Cimsu:-*** Rakkoowwaan hedduu qulqullina barnoota irrattii gufuu ta'aan kan jiraan yoo ta'u, WMO garuu, kan hatattaamaan furmaata barbaadaan irrattii xiyyeeffachuun keessoo barnoota sakattaa'uun furmaata waara kenna tureera.

- ➔ Daa'immaan Daree barnoota 1-4 keessa ta'aani barreessuufi dubbisuu hin dandeenyeef hawaasa keessattii dirree dubbisa 942 hundeessuun tola-oltootaa ijoollee shaakalchiisaanis 1,882 leenji bu'uura kennamee hawaasa keessatti barsiisuun da'iimmaan akka barnoota isaani irrattii ofittii amanamuumma guddaa qabaatan taasiseera.
- ➔ Humna raawwachisumma hoggantoota fi barsiisoota manneen barnootatiif yeroo garaa gara rakkoo raawwachisumma isaanii adda baasuun leenjiin adda addaa kennama tureera.
- ➔ Galtee barnootatiin manneen barnoota rakkoolee qaban adda baasuun akka guutuu oromiyaattii kitaabilee wabii**,** teessoo daree barnootafi mana dubbisa, meeshalee labiratoorii fi kkf tilmaama qarshi **1,447,846,111** baasuun qulqullina barnootaatiif gumaacha olaana taasiseera.



**4** ***Ijaarsa Piroojektii Manneen Barnoota:-***Manneen barnootaa haaraa **897**,bilookii dabaalaatga **1611** fi dhiheessi barnoota barbaachisu waliin baasii waligaala qarshii **8,467,000,855** oliin xumursiise ummataf dabarsuun ijoolleen carraa baruumsa akkaa argaatan gochuun hawaasa fayyaadama taasisera



## 5 Shamarraan Barnoota Irrattii Jajjabeessu

**Qusannaan Barnootaaf:-** Barattootni yeroo hedduu sababa rakkoo dinagdee isaan mudatuuf barnoota isaanii addaan kutuun kaayyoo isaani irra maqu. Kanaaf, WMO qorannoo hedduu erga gaggeesse booda barattootni dinagdeen of danda'anii barnoota isaani akka addaan hin kutneef akkasuumaas, abdii gara fuula dura akka qabataniif sagantaa qusannaan barnootaaf jedhu diriirsee yeroo amma barattootn **121,456** ta'an maallaqa fi gosaan qarshiin **86,080,791** qusatani kaayyon barbaachiseef galma ga'eera.



**Gaabii Uffisu:-** Hawaasa keessatti dhiibbaa fi barmaatilee miidha geessisaniin yeroo hedduu barattootni shamarranii barnoota isaani addaan ni kutuu. Sababiiwwaan hedduu jirataniis, heerumni umurii malee karaa maatii isaanii "**Heerumsiiseen Gaabii itti uffadha**" kan jedhu ilaalcha maatii barattoota keessa isa tokko dha. Kanaaf, ilaalcha kana sirreessuuf WMO'n barattootni shaamarrani barnoota isaanitiin cimoo ta'an haadha fi abbaa barattoota **4,756** ta'aan Gaabii Abbaa Gadaa ittii uwwisuun ilaalcha kana sireessera. Mallatton Gaabii Abbaa Gadaa saafuudha. Gaabii Abbaa Gadaa uffaatani Saafuu hin cabsan ilaalcha jedhun heeruma umrii malee hanbiisuf erga jedhu of keessa qaba. Bu'aaleen argaaman yeroo namni akka aadaatti kaadhimatu illee jecha manguddoo tokkoo " Ani intala kiyya kaadhimeera, warri WMO gaabii nattii uffisani mucayyoo kiyya fudhatani barsiisa jiru" jedhaani. Sagantaan kun aanalee oromiyaa hunda keessattii **Sagantaa Badhaasa Gaabii** jedhamee dhuma barnoota waggaa irratti maatii barattoota qaxaleetti gaabiin ni uwwifama.



**Haftee/Harcaati Barattoota Shaamarrani Xiqqeessu:-** Sababa uumaamatiin barattootni shamarranii ji'attii yeroo laguu/ministration/ argan, sababa kanaaf ji'a keessattii guyya 3-5 mana barumsaa isaani irra ni hafu. Kanneen dhaqaniis daree barnoota keessa ba'anii na dhukkuba jechuun qabbana mukaa jala ciisa oolu. WMO'n kana hubachuun M/B keessattii bakka qulqullina shaamarranii meeshalee ijoo barbaachisoo ta'an kanneen akka moodesii, saamuna fi k.k.f waliin hundeessuun hafteefi harcaatii barattoota xiqqeessuu keessattii gumaacha olaana taasiseera.



## 6 Bu'uura Boruu:-

Barnootni idileen duraa rakkoo olaanaa hawaasa keenya baadiyya yoo ta'uu xiyyeeffannoo mootummaan itti kenne irra ka'uun hanga ammaatti bifa fakkenyumma gaarii qabuun mannen barnoota 93 kun ijaaramani tajaajila hawaasaf dabarfamaniiru.



**Galatooma!!**